# Sadaasa 9 Ilaalchiisuun Ibsa Sochii Warraaqsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Godina Jimmaa Irraa Kenname.

**Gareen** gaafatamtoota Qeerroo bilisummaa Oromoo biyya keessaatti sochii warraaqsa FDG gaggeessaa jiru Yaadannoo sadaasa 9 guyyaa FDG sababeeffaachuun walga'ii isaa Sadaasa 6/2013 godina dhiha Oromiyaa keessatti gaggeessuun Uummata Oromoo hundaaf ibsa armaan gadii dabarsee jira.

Addunyaa kana irratti ilmi namaa bara inni tole jedhee roorroo, gadiqabaa, hacuuccaa fi garbummaa fudhatee jiraate hin jiru; Ummaannii Oromoos akkuma uummata addunyaa kamiiyyuu guyyaa inni garbummaa, roorroo, gadi qabaa fi hacuuccaa tole jedhee fudhate hin jiru. Keessattuu gita bittoota abbootii irree afaan qawweetti malee sirna bulchinsa dimookiraasii fi kabajamuu mirga namummaatti warraa hin amanne dura dhaabbachuun falmaa hiriyaa hin qabne uummata gaggeessaa as ga'ee ta'uun seenaan ragaa guddadha. Haala kanaan uummaanni Oromoo mootota abbootii irree Habashootaa kaleessaa irraa qabee hanga mootummaa faashisti fi shororkeessaa Wayyaanee hara'aa jirtuu kanatti falmaa bilisummaa gaggeessaa turee fi itti jiru keessatti injifannoo cucululuqaa galmeessa as ga'edha.

Bara 2005 keessa maqaa filannoo waliin dhahaa fi fakkeessaa Wayyaaneen gaggeesseen walqabatee sagaleen uummata Oromoo ukkanfamee; Oromoo fi Oromiyaa bituuf ilmaan habashaa waldhansoo jabaa Finfinnee irratti gaggeessa turtetti, Oromoon caljedhee hin ilaallee, Dhaabni isaa Abdii fi gaachanni uummataa Oromoo ABO'n mirgi uummata Oromoo fi kan saboota rakkoo fakkaataa Oromoo qabanii haa kabajamu jechuun waamicha FDGf ibsa uummata Oromoof taasise.

Mirgoonni Kunis: A. Mirgi dimookiraasii haa kabajamuu,
B. mirgi Gurmaa'uu fi yaada ofii karaa bilisaa ibsachuun haa kabajamuu,
C. Mirgi Siyaasaa fi amantii fedhan hordofuu haa kabajamuu;
D. Mirgi Filachuu fi Filatamuu haa kabajamuu; Sagaleen Ummataa haa kabajamu.
E. Mirgi namummaa fi Olaantummaan seeraa haa kabajamu;
F. Lafa dimookiraasiin hin jirretti ololli wayyaneen umrii ishee tursuuf maqaa dimookiraasiin olollii wayyaaneen ofaa jirtuu haa dhabbatu.
G. Mirgi hiree murteeffannaa fi abba biyyummaa uummata Oromoo haa kabajamu.

Kanneen jedhanii fi kkf bu'uura godhachuun, Addatti immoo maqaa filmaataa bara 2005 kana sababeeffachuun wayyaaneen sagalee uummata Oromoo ukkamsee mirga Oromoo mulqee bifa haaraan Oromiyaa bituuf filannicha fakkeessaa shiraan guutame mo'adhe jedhee uummata irraatti dhaadachaa

jiraachuu hubachuun Addi bilisummaa Oromoo(ABO)’n wamichaa FDG fi ibsa uummata Oromoof taasisen qaanqeen FDG guutummaa Oromiyaa keessaatti qabate, hangaa har’a wayyaaneen dhaamsuu hin dandeenye. Haala kanaan FDG godina ganfaa Afrikaa keessaatti bifa qindaa’een dhowe. Sagaleen uumata Oromoos dhalotaa haaraan sadarkaa Idil –Adduunyaatti dhageessifame. Ilmaan Oromoo qaalii wanjoo garbumma saba isaanii irraa buusuuf wareegama qaalii kanfaluun qabsoo bilisummaa Oromoo fulduratti tarkaanfachiisan.

Akkuma beekamu mootummaan Faashistii shororkeessaa wayyaanee gaaffii dhalotaa haaraa muddee isa qabee deebisuu dadhabee humna waraanaa of harkaa qabu kan yeroo sanatti waraanni ajaja Mallas Zeenaawwiin hoogganamu guutumma Oromiyaa irraatti bobbasee, warrannii wayyaanees ajaja darbuuf fudhachuun ilmaan Oromoo nagaa gaffii mirgaa karaa nagaa gaafatan irraatti warana banuun uummataa meeshaa maleeyyii jumlaan ajjeese, biyyaa arii’ate, jumlan qabee hidhe. Goototni Oromoo hedduun godinalee Oromiyaa mara irraatti bara 2005 sadaasa 9 wareegaman har’a uummata Oromoo biratti bakka guddaa qabu, seenaan isaanis guddadha, bara baraan ni yaadatamu, qabsoon isaan wareegama itti kanfalanis duubatti deebi’uu hin danda’u, Wareegama qaalii isaan kanfalaniin sagaleen Oromoo sadarkaa Idil-Addunyaatti dhagaa’ame, qabsoon bilisummaa Oromoo fulduratti tarkanfatee har’a ga’era. Mootummaan Wayyaanee shororkeesituu ta’uu fi sirni dimookiraasii biyyaatti keessa kan hin kabajamne ta’uu addunyaaf saaxilan. Kanaafuu Sadaasni 9 Oromoo fi Oromiyaa keessaatti guyyaa seena qabeessa ta'uu irra darbee dhalootni haaraan bifa qindaa'een garboomsaa fi garbummaa of irraa gatuuf FDG gageessuun waadaa itti haaromsatudha. Guutummaa Oromiyaatti FDG gaggeessuun qabsoo bilisummaa Oromoof wareegamni gatiin jabeessii bara itti kanfalamee fi bara qabsoo bilisummaa Oromoo hidhaan, ajjeechaan, dararamni fi biyyaa irraa arii’atamuun duubatti deebisuu kan hin dandeenye ta’uu diinaaf bara itti mirkaneffame wan ta’eef bara baran ni yaadatama.

Kanuma Irraatti hundaa’uun hooggansii Qeerroo Bilisummaa Oromoo biyyaa keessaa yaadannoo Sadaasa 9 akka armaan gadiitti dabarsuuf murti dabarsee jira.

1. Caasaan Qeerroo bilisummaa Oromoo Godinaalee, aanotaa, Magaalawwaan, maayibaasii, dhaabbilee barnootaa Olaanoo: Yuunivarsiitii, Koolleejjii, Manneen barnotaa sadarkaa 2ffaa fi 1ffaa Sadaasa 9 walitti dhufuun dungoo diimaa magariisa diima qabsiifachuun yaadannoo sammuun gootota ilmaan Oromoo qaalii FDG irraatti wareegamaniif ni taasifama.
2. Suuraan Gootota Oromoo FDG irraatti wareegamanii fi qabsoo bilisummaa Oromoo irraatti baroota garaagaraatti wareegaman Ummataaf ni raabsama, sabbontotni akka kennaatti waliif ni kennu.
3. Suuraan Gootota Oromoo fi Gaaffiin mirga hiree murteeffaannaa Uummata Oromoo, kabajamuu mirgoota dimookiraasii fi namummaa irraatti hundaa’e kan qabate barruun warraaqsaa, caasaa qeerroon uummataaf ni bitinneeffama, ni raabsama, ni maxxanfama.
4. Guyyaa Sadaasa 9 kana dhaamsotni gaggabaaboon FDG jajjabeessan, tokkummaa uummataa tiksan, kan qabsoo uummata Oromoo wareegama qaaliin as ga’ee fulduratti tarkaanfachiisan hooggantoota dhaabaa ol aanoo fi hoggantoota qeerroo biyyaa keessaa fi biyyaa Ambaa jiraniin karaa sagalee SBO, Sinbirtuu, Sefenabalbal, Facebook, marsaa Qeerroo fi kkf’n uummataaf akka darbu murtii dabarsine.

5. Qeerroon Impaayera biyyatti keessaatti qabsoo bilisummaa Oromoo sochii warraaqsa biyyoolessaa gaggeessaa jiruu jabeessuun hanga bilisummaan uummata Oromoo mirkana’utti bifa qindaa’een FDG gaggeessaa kan jiruu ta’uu yaadachiisuun, ilmaan Oromoo sadarkaa garaagaraa irra jirtan hundii karaa dandeessan hundaan qabsoo bilisummaa saba keessaanii keessaatti qooda akka fudhatan, akka jajjabeessitan, tokkummaa uummata keessaanii akka tiksitan, Oromoo fi Oromiyaaf waardiyaa akka dhaabbatan wamicha keenya dabarsina.

Qansaayaan ni kufa qabsoon itti fufa !

Injifannoon U/Oromoof!.
Sadaasa 6/2013
Qeerroo Bilisummaa Oromoo!.